ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT  جبهة تحرير اورومو

**Sadaasa 30, 2006**

**Manni Marii Itrophiyaa Lola Labsuun Jeequmsa Gaanfa Afrikaa Babal'isa Malee Nagaa Hin Fidu**

Manni Marii Itophiyaa walgahii isaa ja'affaa har'a Sadaasa 30, 2006 geggeesse irratti ABO, Eritrea fi Somaliyaa irratti labsii lolaa raggaasee jira. Murtiin Manni Marii kun fudhate naannoo Gaanfa Afrikaa jeequmsa guddaa keessa kan galchuu tahuu fi goolii dhalatu hundaaf kan itti gaafatamu mootummaa Wayyaanee lola malee nagaa hin barbaadne tahuu dura dabarsinee beeksisuu barbaana.

Mootummaan Wayyaanee lola malee jiraachuu akka hin dandeenye gochaa isaa erga aangootti dhufee raawwataa turee fi jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Baroota kudha shan aangoo irra jiru keessatti mootummaan kun ummatoota biyyichaa gooluu, hiraarsuu fi ajjeesuu bira dabree biyyoota ollaa kan inni hin jeeqin hin jiru. Ummata Oromoo ofi ajjeessee filmii kaasee ABO tin yakkuf yaaleera. Ummata Anyuwak ajjeesee gochaa isaa dhokfatuuf tattaafateera. Ummata Sidaamaa fi Shakkaa-mazangir jimlaan ajjeesee jira. Magaalaa Finfinnee keessa ummata harka duwwaa hiriira bahe gara laafina tokko malee ajjeesse gochaan isaa saaxilameera.

Bara 1995 haga 1997tti SPLA of dura qabachuun, mootummaa Sudaan irratti waraana obbaasee magaalota akka Kurmuk fi Gizaan ifaan qabatee ture. Keniyaatti yeroo hedduu waraana bobbaasuun ummata nagaa Keniyaa ajjeesera, loonii fi beeladaa saameeera, goolii buusee ummata jeeqeera. Eritrea irratti lola labsee lola maraa sadii geggeessuun lubbuu dargaggoota Itophiyaa kuma dhibbaa fi soddomaa ol ficisiiseera. Har'a ammoo lola gara biraa nurratti labsee jira.

Somaliyaan baroota kudha 16 oliif mootummaa dhabuun jeequmsa guddaa keessa akka turte beekamaa dha. Rakkoo Somaliyaa kana ala irraa furra jedhamee tattaaffii danuun godhamee ture. Tattaaffiilee godhaman keessaa garii kan Kayiroo, Yeman, Jibuutii fi Nairobii wal yaadachiisuun ni gaha. Isaan kun hundi rakkinicha furuu akka hin danda'in deemsa keessa hubatamee jira. Dhibdee Somaalotaaf furmaata alatti soqanii xiyyaaraan itti galchuun furmaata fiduu hin dandeenye. Biyyi kam iyyuu dhimma biyya Somaalee keessa seenuun rakkinicha babal'isuu yoo tahe malee furmaata tahuu hin danda'u. Kanaaf mootummaan Wayyaanee fi wahillan isaa tarkaanfii fudhachuuf deeman irraa akka of qusatan hubachiifnaa.

Lola Itophiyaa fi Eritrea gidduutti taheen lafeen cabe osoo hin fayyin, dhiigni lola'e osoo hin qooriin, maatiin gadde osoo hin jajjabaatiin har'a ammoo Wayyaanee lola gara biraa Eritreaa irratti labsee jira. Furmaata kana fidu murtii mana seera addunyaa fudhachuu didee lola gara

biraa kan labsaa jiru Wayyaaneen ammas dhiiga ilmaan Oromoon dhiqachuu barbaadeeti. Ol adeemtoota ilmaan Oromoo dirree fanjiittin xaxameetti oofee fiicisiisee ammas dhumaatii gara biraaf ilmaan Itophiyaa afeeraa jira. Gochaan Wayyaanee kun balaaleffatamuu duwwaa osoo hin taane dura dhaabbatamuu qaba.

Biyyi kam iyyuu rakkoo mootummaa fi ummata isaa gidduutti dhalatuuf Mana Maritti dhiheessee duula irratti hin labsu. Manni Marii Itophiyaa garuu qabsoon ABO geggeessaa jiru sirna gabroonfataa mootummaa Itophiyaa irratti tahee akka jiruu osoo beekuu labsii lolaa nu irratti raggaase. ABO murtii Manni Marii kun dabarse kaxaa seenaa guddaa dhiifama hin qabnee dha jedha. Paarlamicha keessaa kanneen murtii fokkisaa kana morman dirqama seenaa raawatanii jiru. ABO osoo humnooti Somaaliyaa kan har’a lolli irratti labsame hin dhalatin sirna gabroomfataa mootummaa itophiyaa irratti qabsoo godhaa ture. Gaaffiin ummatni Oromoo gaafataa jirus mirga heeraa kan hiree ofii murteeffachuu ti. Kun akkas tahuu osoo beekanii ABO irratti duula labsuun yakka dhiifama hin qabne ummata Oromoo fi Ogaadeen irratti raawwatee dha.

Yaa ummata Oromoo !!
Manni Marii Itophiyaa kan silaa mirga keef falma jedhamu lola si irratti labsee jira. ABO dhaaba sirna gabroomfataa mootummaa Itophiyaa irratti qabsoo godhu tahuun osoo beekamuu akka humna weerartuutti labsii lolaa irratti bahee. Duula kana of irraa deebisuuf bakka jirtu maraa socho’uutu sirraa eegama. Humna ilmaanii fi qabeenya biyya keenyaa abdachuun duula nutti labsame hongeessuu qabna. Yeroo isaa yeroo dubbiin na hin ilaalu jedhanii ta’aan miti. Harka wal qabannee lola nurratti labsame fashlsuuf socho’uu qabna.

Mootummooti, hawaasi addunyaa fi jarmayooti mirga dhala namaaf dhaabbatan gochaa jeequmsaa mootummaan Wayyaanee fudhataa jiru osoo hin babal’anne akka dhaabbatu gochuun dirqama keessan jennee amannaa. Lolli “jihaadistoota, foxxoqxootaa kkf.” irratti jedhamee labsame kun gaga’ama hin barbaachifnee fi hin hawwamne akka fiduu dursitanii akka hubatan dhaamsa keenya dabarsina.

Injifannoo Ummata Oromoof!!
Adda Bilisummaa Oromoo
Sadaaasa 30, 2006